washington
healthplanfinder
click. compare. covered.

Hiikkaawwan Jechoota Inshuraansii Fayyaa Gurguddoo

# Qajeelfama Fayyadamaa Jechoota Ijootiif



QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Hir'ifama

## HIR’IFAMNI MAAL?

Hir’ifamni kee baasii qooddachuuhaaf jecha osoo karoorri fakkaa keetii hin jalqabiin dura hanga ati kunuunsa irratti baasuu qabdudha. Hang hir’ifama kee jalqaba waggaa waggaa irratti jalqaba.

## AKKAMIIN HOJJETA

Maarqos hir’ifama $2,000 qaba. Hospitaala keessa hanga baasii $10,000 isa gaafatutti ture. Maarqos hir’ifama isaa osoo karoorri fayyaa isaa baasii kamiyyu hin kaffaliiniif dura kaffaluu qaba. *(Hir’ifamoonniifi baasiiwwan biroo akkaataa karoora fayyaan addaa adda)*

**$8,000**

Gahee karoora fayyaa isaatiin kaffalamu

**$2,000**

Hir’ifama Maarwosiin kaffalamu

**$10,000**

Turtii hospitaalaa



QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Karoora Qoricha Ajajamee

## KAROORRI QORICHA AJAJAMEE MAAL?

Karoorri qoricha ajajamee tarreefamawwan qorichaa karoora fayyaa keetiin kaffalame. Karoorri fayyaa keetii baasiiwwan qorichoota kanneeniin hunda ykn garii isaa ni kaffala.

## AKKAMIIN HOJJETA

Joorj waan haaraa ajajame guutuudhaaf gara man-kuusa qorichaa deeme. Faarmaasistiin tarreeffama qoricha ajajamee Joorjiif ilaalee mikaneesseef. Karoorri fayyaa isaa qorichaaf ni kaffala. Joorj $20 isaa qofa gumaacha. Kan hafe karora isaatu kaffala. *(Hangi gumaachu akkaataa karoora fayyaan addaa adda)*



**$20**

Tokkoo tokkoo qoricha ajajameef $20

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Dhiyeessaa Kunuunsa Bu’uuraa

## DHIYEESSAAN KUNUUNSA BU'UURAA MAAL?

Dhiyeessaan kunuunsa bu'uuraa doktora ykn narsii ijoo ati akka qaama karoroora fayyaakeetti bira deemtudha. Dhiyeessaan kunuunsa bu'uuraakee kunuunsa fayyaakeerratti hojjeta. Isaan fayyaakee eeguudhaaf ogeessota addaa waliin hojjechuu danda'u.

## AKKAMIIN HOJJETA

Yeroo darbe keessa, Roojer yeroo dhukkubbiin isatti dhaga'amaa ture Kutaa Balaa Tasaa deemee ture. Amma, karoora fayyaa kan dhiyeessaa kunuunsa bu'uuraa akka filatu isa dandeessisu qaba. Yeroo dhukkubbiin isatti dhaga'amu gara dhiyeessaa kunuunsa bu'uura deemee isaan ammoo mallattoo inni qabuun wallaanuu danda'u. Roojer kunuunsa ogeessa addaa kan barbaadu yoo ta'e, dhiyeessaan kunuunsa bu'uuraa isaa ogeessa addaa waliin walitti isa fida.



Qorannoof, kunuunsa atattamaa kan hin taaneef, akkasumas kunuunsa karaa virchuwaal ta'eef dhiyeessaa kunuunsa duraa kee daawwadhu.

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Galiiwwan Gibiraa Sadarkaa Tokkoffaa


## GALIIWWAN GIBIRAA SADARKAA TOKKOFFAA MAAL?

Galiiwwan gibiraa hanga ati karoora fayyaa keetiif ji’a ji’aan kaffaltu xiqqeessu. Hangi galiiwwan gibiraa ati argattu galii kee irratti hundaa’a.

Odeeffannoo dabalataaf **wahealthplanfinder.org** daawwadhu ykn kanaan bilbili **1-855-923-4633**

## AKKAMIIN HOJJETA

Maarsellaan qarree/kofaleettii karoora fayyaa hin qabnedha. Galiin waggaa ishee $25,000 ta’a. Sababii sadarkaa galii isheetiif galiiwwan gibiraa ni argatti. Maarsellaan kaffaltiiwwan ishee ji’a ji’aa xiqqeessuuf galiiwwan gibiraa kanneen fayyadamuu dandeessi.
*(Lakkoofsawwan qabatamuu addaa adda.)*



Baasii sadarkaa tokkoffaa − Galiiwwan gibiraa sadarkaa tokkoffaa = Kaffaltiiwwan ji’a ji’aa xiqqeessa

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Gumaacha Inshuraansii

## GUMAACHI INSHURAANSII MAAL?

Gumaachi inshuraansii tajaajila kunuunsa fayyaaf baasii bahe keessatti kan ati qooddatudha. Gumaacha inshuraansii kee erga hir'ifama karoora fayyaa keetii kaffalteen booda kaffaluu eegalta. Gumaachi inshuraansii akkaataa ati ittiin baasii kunuunsa fayyaa keetiif bahe karoora fayyaa kee waliin itti qooddatudha.

## AKKAMIIN HOJJETA

Jams hir'ifama isaa kaffaleera. Doktora bira deemee ilaalamuu isaatiif $500 kaffali jedhame. Jams hanga kaaffali jedhame %20 isaa ykn $100 kaffala. Kan hafe karoorri fayyaa isaa ni kaffala. *(Hangi gumaacha inshiraansii akkaataa karoora fayyaan addaa adda)*



| | | |
|---|---|---|
| | **%20** | Gumaacha inshuraansii %20 |
| x | **$500** | Waliigala hanga kaffali jedhame $500 |
| | **$100** | Jams $100 kaffale |

# Sadarkaa Tokkoffaa

## SADARKKAA TOKKOOFFAA JECHUUN MAAL?

Sadarkaan tokkofaa kee hanga ati ji'a ji'aan karoora fayyaa keetii kaffaltudha. Tajaajilawwan fayyaa kamiyyu hin fudhanne taanaanis sadarkaa tokkoffaa kee kaffaluu qabda. Gaaffiiwwan qabbdu kamiyyu jirraannaa inshuraanii kee qunnami.

## AKKAMIIN HOJJETA

Jeen ji'a ji'aan sadarkaa tokkoffaa karoora fayyaa ishee kaffalatti, akkuma baasii bilbilaa ishee jechuudha. Jeen guyyoota muraasa dursitee kaffaltaa ishee iimeeliin ergiti ykn kaffaltaan ishee yeroo isaa eeggatee akka ta'e mirkaneeffachuuf oonlaayiniin kaffalti.



Dursitee erguun kaffaltaawwan akka maxxanfamaniif yeroo kenniif.

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Kiisii Keessaa

## KIISII KEESAA JECHUUN MAAL?

Baasiiwwan kiisii keessaa kan ati kunuunsa fayyaatiif kaffaltudha. Hir'ifama, gumaacha inshuraansiifi kaffaltaa gumaachuu hammachuu danda'a. Hangi karoora fayyaa keetiin hin haguugamiin kamiyyu baasii kiisii keessaa bahedha.

## AKKAMIIN HOJJETA

Shirleen ijoollee lama qabdi. Yeroo ofi ishee ykn ijoolleen ishee doktora bira deeman mara kaffaltaa $20 ta'u gumaachiti. Maatiin ishee waggaa kana keessa si'a 15 doktora bira deemaniiru. Baasiin Shirleen kiisa keessaa baaftu $300 ta'a. *(Lakkoofsawwan tilmaamadha. Ibsa abalataaf inshuraansii keetti bilili.)*



**$20** Takkaa doktora bira deemanitti $20

x **15** Si'a 15 doktora bira deemaniiru

---

**$300** Waggaatti $300 jechuudha

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Neetiwoorkii

## NEETIWOORKIIN MAAL?

Neetiwoorkiin tarreeffama dhiyeessitootaa karoorri fayyaa kee haguugu. Neetiwoorkiin dhiyeessan keessa taanaan karoora fayyaa keetiin mirkanaa'aniiru. Neetiwoorkii dhiyyeessitootaa ala taanaan karoora fayyaa keetiin hin mirkanoofne. Tajaajilawwan dhiyeessitoota neetiwoorkii ala argatteef caalaa kaffalta.

## AKKAMIIN HOJJETA

Laawuraan gorsaa fayyaa sammuu bira deemuu barbaadde. Achumaan kan mana isheetti dhiyoo tokko argatte. Osoo beellama hin qabatiin dura, dhiyeessaan kun karoora fayyaa isheetiif neetiwoorkii keessa akka jiru mirkaneeffatte. Yoo gorsaa neetiwoorkin alaa filatte Laawuraa baasii caalaa baasisa.




Osoo deemtee ilaalamuuf beellamahin qabatiindhiyeessaan kee neetiwoorkii keessa ta'uu isaa gaafadhu.

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Kaffalataa Gumaachuu

## KAFFALTAA GUMAACHUUN MAAL?

Kaffaltaa gumaachuun (Kaffaltaan waliinii)hanga ati tajaajila kunuunsa fayyaa haguuguuf kafflatudha. Tajaajilawwan akka yeroo hunda doktora bira deemuu ykn ajaja qorichaa guutuun kaffaltaa gumaachuu ni qaba. Kaffaltaa gumaachuun kee yeroo tajaajila argatturraa jalqaba.

## AKKAMIIN HOJJETA

Tomaas dhiibbaa dhiigaa ol-ka’aa qaba. Dhiyeessaa kunuunsa bu’uuraa isaan ilaalamuuf ji’a sadii sadiin deema. Doktora biratti ilaalamuuf $20 akka kaffalu karoorri fayyaa isaa ni barbaada. Tomaas yeroo deemee ilaalamu maratti kaffaltaa doktoraa ni qooddata. *(Gumaachi kaffaltaa akka karoora fayyaan adda adda.)*



**$20**

Takkaa doktora bira deemanitti $20

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Tajaajilawwan Ittisaa

## TAJAAJILAWWAN ITTISAA MAAL?

Tajaajilawwan ittisaa karoora fayyaa keetiin kan kaffalamu ta'ee kan xiqqoo ykn waaayyu si hin baasifnedha. Kun kan dabalatu qorannoo waggaa waggaafi talaallii flu. Tajaajilawwan kunneen kan haguugaman yeroo dhiyeessaa neetiwoorkii keessoo bira deemtu qofa.

## AKKAMIIN HOJJETA

Tayilar fayyaa isaa eeggachuuf jecha waggaan qoratama, talaallii flu illee fudhata. Taayilar tajaajilawwan akka hin dhukkubsanne gargaaran karoorri fayyaa isaanii kaffaluu isaa ni jaallata.



Tajaajilawwan ittisaa akka fayyya buleessa taatuuf si gargaaru.

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Faayidaawwan Fayyaa Bu’uuraa

## FAAYIDAAWWAN FAYYAA BU’UURAA MAAL?

Faayidaawwan fayyaa bu’uuraaakaakuuwwan tajaajilawwan kunuunsa fayyaa karoorawwan hunduu haguuganidha. Gariin isaanii bilisa. Gariin isaanii ammoo waliin kaffaluu ykn inshuraansii gumaachuu qaba.

Fayidaawwan fayyaa bu’uuraa kanneen hammata:

- Doktora bira deemanii ilaalamuufi hospitaala turuu
- Imalawwan gara kutaa atattamaatti taasifamu
- Kunuunsa dhalachuu mucaan kee duraafi boodaa
- Fayyaa sammuufi tajaajilawwan wallaansa baala sammuu adoochan fayyadamuu
- Qorichawwan ajajaman
- Yoo madoofte ykn hir’ina qaamaa qabaatte ykn rakkoo fayyaa sirra bule qabaatte tajaajilawwan ykn meeshaalee akka fayyitu si gargaaraniif
- Qorannoowwan laaboraatooriitiif
- Tajaajilawwan ittisaa kan hammatu gorsa, qorannoofi talaalliidha.
- Dhukkuba namarra bulan akka sukkaaraa ykn asmii wallaanuuf
- Kunuunsa Fayyaa Daa’immanii

## AKKAMIIN HOJJETA

Karoorawwan fayyaa hunduu faayidaawwan wallaansa hospitaalattii hammachuu qabu. Odeeffannoo dabalataaf *Washington Healthplanfinder* tiif ykninshuraansii fayyaa keetiif bilbil. Lakkoofsi keenyakunoodha **1-855-923-4633** .

**Washington Health Benefit Exchange** seerota mirgoota sivilii Federaalaa hojiirra jiru kan hordofedha. Sanyii, bifa, biyyaa irraa dhufe, umurii, hir’ina qaamaa ykn saala irratti hundoofnee loogii hin taasifnu.

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Cascade Care

## KUNUUNSI OSOO HIRI’FATA HIN GUUTIIN (KAASKEED) (CASCADE CARE) MAAL?

Karoorawwan fayyaa inshuraansii kamiyyu filattu tajaajilawwan walfakkaataa kennan. Karoorrawwan fayyaa hedduun caalaa hiri’fannaawwan gadi aanaa qabu waan ta’eef osoo hiri’fannaa ofii hin guuttattiin dura tajaajilawwan caalu haguugu.

## QUSANNAAWWAN CASCADE CARE SAVINGS MAALII?

Sagantaan kunuunsa Cascade Care Savings baasii angafoo/qarruu karoora fayyaa kee hir’isa. Yoo ulaagaa kan guuttu ta’e, isteetiin kaffaltaa angafoo/ qarruu kee garii ni qooddata.

Wantonni kunneen dhugaa yoo ta’an qusannaawwan Cascade Care Savings ulaagaa guutuu dandeessa:

- Galiin kee yoo Sadarkaa Iyyummaa Federaalaatiin %250n gadi yoo ta’e.
- Washington Apple Health Fayyaa (Medicaid) ykn Medicare ulaagaa hin guuttu.
- Karoora Cascade Care Meetii ykn Warqeetti galmoofteetta.
- Kirediitiiwwan gibiraaf ulaagaa kan guuttu yoo ta’e, hanga guttuu argachuu dandeessuu fudhatteetta.

## AKKAMIIN HOJJETA

Jeen osoo hir’ifannaa isaanirraa eegamu osoo hin guuttatiin dura kunuunsa argachuu barbaaddi. Cascade Care*Washington Healthplanfinder* irratti filachuudhaan, Jeen osoo kaffaltaa baasii duraa hin kaffalatiin haguuggii tajaajilawwan fayyaa bu’uuraa argatti.



QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF


# Galmee Banaa

## QU’EST-CE QUE LA PÉRIODE D’INSCRIPTION OUVERTE ?

Galmeen banaa waggaa keessatti yeroo ati karoora fayyaa ulaagaa guutanitti galmooftanidha. Waggaa waggaan Sadaasa 1 jalqaba. Yeroo kamittiyyu Washington Apple Health iyyattee galmaa’uu dandessa.

## AKKAMIIN HOJJETA

Jaaksan karoora fayyaatiif galmaa’uu barbaada. Inni **wahealthplanfinder.org** ykn **WAPlanfinder** app. irratti akkaawontii tolfate. Jaaksan Sadaasa 1 irraa kaasee karoorawwan fayya bittachuufi dorgomsiisee kan isaaf ta’u argachuu danda’a. Osoo guyyaan isaa hin dhumiin dura galmaa’uu eegala. Karoorri fayyaa isaa waggaa itti aanu Amajji 1 keessa jalqaba.




Karoora fayyaaatiif galmaa’uudhaaf **wahealthplanfinder.org** daawwadhaa ykn gara **WAPlanfinder** app deemaa.

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF

# Yeroo Galmee Addaa

## YEROO GALMEE ADDAA MAAL?

Taateen jireenya keessatti mudatan tokko tokko waggaa keessatti yeroo ta'e karoora fayyaaf akka galmooftu si taasisu. Kun ammoo yeroo galmee addaa jedhama. Taatee sanaa booda yeroo galmee addaatiif hanga guyyoota 60tti galmaa'uu dandeessa. *(Fakkeenyaawwaniif Taateewwan Jireenyaa Ulaagaa Guutan Ilaali.)*

Hojiiwwan kunuunsa fayyaa kennan yeroo galmee yeroo galmee addaa dhiyeessuu qabu. Yeroon kun guyyoota 30f tura.

## AKKAMIIN HOJJETA

Haati warraa Miyaa ni deesse. Taateen kun ammoo akka isheen yeroo addaa galmee kessa galmooftu godheera. Guyyoota 60 keessatti kakkaawontii *Washington Healthplanfinder* ishee keessatti galmoofti. Isheen amma karoora haaraa daa'ima ishee dabalatu filachuu dandeessi.



Dhaloonniifi guddifachaan taateewwan ulaagaa karoora fayyaa kee akka jijjiirrattu siif hayyamuu danda'anidha.

QAJEELFAMA FAYYADAMAA JECHOOTA IJOOTIIF


# Taateewwan Jireenyaa Ulaagaa Guutan

## TAATEEWWAN JIREENYAA ULAAGAA GUUTAN MAAL?

Taateewwan jireenyaa ulaagaa guutan waggaa keessatti yeroo kamiyyu akka karoora fayyaatiif galmooftu si taasisa. Kun ammoo jijjiirammawwan akka jijjiirraa bakkaa, ulfaafi jijjiirama galuu dabalatu. Yeroo galmee addaatti galmaa'uuf guyyaa taatee sanarraa kaatee guyyoota 60 qaba. *(Odeeffannoo dabalataatiif Yeroo Galmee Addaa ilaali)*

## FAKKEENYAAWWAN TAATEEWWAN JIREENYAA ULAAGAA GUUTAN

- Gaa'ela ykn michummaan mana tokko keessa jiraachuu
- Dhaloota
- Gudifachaa ykn Kunuunsa bakka gudisa daa'immanii
- Ajaja mana murtii fuhachuu (deeggarsa daa'imaa dabalatee)
- Sababa du'aatiin, gaa'ila diigamuun ykn seeraan adda bahuun guddiftoota ykn mirga guddifamuu dhabuu
- Jijjiirama galii
- Haguuggaa fayyaa biroo dhabuu
- Gara Waashingitanitti ykn gara kaawontii haaraa Waashingitan keessaatti jijjiiramuu
- Jijjiirraa lammummaa ykn mirga seeraan jiraachuu qabaachuu
- Mana hidhaatii gadhiifamuu
- Miseensummaa gosaa




Yeroo galmee addaatti galmaa'uuf guyyaa taatee sanarraa kaatee guyyoota 60 qaba.

washington
healthplanfinder
click. compare. covered.

wahealthplanfinder.org
1-855-WAFINDER | 1-855-923-4633